
# Hubama ijaa daa'imman dursanii dhalataniif

## Retinopathy of Prematurity (ROP) rakkoo ijaa daa'imman yeroo malee dhalatan tokko tokko irratti muldhatudha. ROP yeroo guddatu yeroo baay'ee rakkoo hin uumu, ammas ijaan arguu irratti rakkoo tokkollee osoo hin fidin ofumaan bada.

### ROP jechuun maali?

ROP rakkoo ijaa kan agartuu (retina) miidhudha. Agartuu (retina) jechuun tishuu duuba ijaa irratti argamu kan ifa adda baasu jechuudha dhaamsa gara sammuutti erguun akka waa arguu dandeenyu nu godha.

Daa'imman yeroo malee dhalatan tokko tokko irratti ujummoon dhiigaa kan agartuu keessa jiru sirnaan hin guddatu akkasuma karaa dogoggoraatitti guddata. Kunis Retinopathy of Prematurity ykn ROP jedhamuun beekama.




### Daa'imman yeroo malee dhalatan maaliif ROP argatu?

Daa'imman tokko tokko maaliif ROP akka qabaatan, kaan immoo akka hin qabaanne hin beeknu. Garuu daa'imman dhukkubsataa fi xiqqaa ta'an carraan dhukkuba kanaan qabamuu isaanii guddaa akka ta'e ni beekna.

### Daa'imni keessan ROP qabaachuu isaa akkamitti adda baasuu dandeessu?

Yeroo daa'imni keessan hospitaala jiru, narsoonni ispeeshaalistii ija daa'imaa kaameeraa dijitaalaa addaa kan Retcam™ jedhamu fayyadamuun suuraa kaasuu.

Ogeessi ijaa (ophthalmologist) suuraawwan kana ilaaluun daa'imni keessan ROP qabaachuu isaa ilaaluun qorannoon dabalataa barbaachisaa ta'uu fi dhiisuu isaa murteessa.

### Yeroo qormaata ROP maaltu ta'a?

Sa'aatii tokkoo Suuraalee kaasuun duratti, ija daa'ima keetii keessa qoricha ijaa cobsina. Cophni kunniin qaama ijaa kan qaroo ijaa (puplil) kan jedhamu (tuqaa gurraacha ija gidduu jiru) akka guddatu taasisa. Kunis ROP ilaaluu akka dandeenyuuf agartuu sirriitti akka arginu nu gargaara.

Qolli ijaa daa'ima keessanii banaa ta'ee akka turuuf meeshaa qola ittiin harkisan kan retractor jedhamutti fayyadamna. Daa'ima keetiif xiqqoo mijataa ta'uu baatus, suuraawwan hundarra gaarii ta'an argachuu fi qorannoo dafnee akka xumurru nu gargaara.

Ija daa'ima irratti jeelii keenna, sana booda suuraa agartuu ni kaafna.

### Dhukkubbiin daa'ima keetitti ni dhagayamaa?

Daa'imni keessan yeroo ijji sakatta'amu mijataa hin ta'uuf, garuu dhiphina isaa hir'isuuf hanga danda'ametti ni hojjenna. Kanas kan goonu:

- osoo hin jalqabiin dura qoricha dhukkubbii hanbisu naannoo saniif fayyadamuudhaan
- daa'ima keessanitti uffata akka itti tolutti ni marraaf
- waan mi'aawu (sucrose) kennuufiin. Odeeffannoo dabalataaf waraqaa 'Sucrose dhukkubbii hir'isuuf daa'imman reefuu dhalataniif' jedhu ilaali.

### Yeroo hangamii fudhata?

Qormaanni kun yeroo baayyee gara daqiiqaa 5 fudhata. Yeroo daa'imni keessan qoratamu achitti argamuun yoo barbaaddan narsii siree daa'ima keetiititti beeksisi akka hirmaannaa keetiif qophii gochuu dandeenyuuf.

## Daa’imni keessan yoom qoratama?

Ija daa’ima keetiitiif ROP kan qorannu yoo ulfaatina giraama 1250 gadi ta’e ykn torban 30 gaditte dhalate/dhalatte. Mallattoon ROP yoo hin jiraannellee torban lama lamaa al tokko qorachuu itti fufna. Mallattoolee gurguddoo ROP yoo argine, hanga mallattooleen badutti torban torbaniin ni qoranna. Qorannoon ROP yeroo ujummoon dhiigaa agartuu keessa jiru guutummaatti guddate ni dhaabata. Kunis yeroo baay’ee gara torban 40tti, ykn yeroo daa’imni keessan dhalachuu qabutti ta’a.

## Qormaata booda maaltu ta’a?

Ogeessi ijaa (ophthalmologist) suuraawwan kana ni ilaala. Barbaachisaa ta’ee yoo argame, meeshaa ijaa kan ophthalmoscope jedhamu fayyadamuun ija daa’ima keetiii irra deebi’anii ni qoratu. Bu’aan qorannoo ijaa hundi galmee fayyaa daa’ima keessanii keessatti ni galmaa’a.

## Daa’imni kee yoo ROP qabaate maaltu ta’a?

ROP yeroo baay’ee rakkoo hin uumu, ammas ijaan arguu irratti rakkoo tokkollee osoo hin fidin ofumaan bada. Garmalee hamaa kan ta’u yoo tahe, gareen yaalaa ykn ogeessi ijaa (ophthalmologist) filannoowwan yaalaa daa’ima keessaniif ta’an, kan akka wal’aansa laayizerii ykn qoricha lilmoo kan guddina ujummoo dhiigaa gara maleetti bahe kana qancarsuu irratti si wajjiin haasayu.

## Waa’ee ROP eenyu waliin haasa’uu dandeessa?

Narsoota, doktoroota fi narsoota ROP daa’ima keessan kunuunsan waliin haasa’uu dandeessu. Gaaffii kee deebisuu yoo dadhaban ogeessa ijaa wajjin yeroo itti haasoftu siif qopheessu.

## Daa’imni kee hospitaala erga bahee booda qorannoo ijaa ni barbaachisa?

Daa’imni kee hospitaalaa ba’uu isaa dura yoo agartuu isaanii guutummaatti hin guddanne ta’e kilinika yaala alaatti qorannoo ROP’f deebi’uu barbaachisaa ta’a. Yoo kun barbaachisaa ta’e osoo hospitaala hin ba’iin dura isin beeksifna, odeeffannoo dabalataaf isin qunnamna.

Yoo daa’imni keessan kutaa Kunuunsa Addaa Daa’immani (Special Care Nursery) kan hospitaala biraa irraa gara manaatti deebi’e, yoo danda’ame naannoo keessan keessatti qorannoo hordoffii ni qopheessu. Qorannoon kun ROP alattis rakkoolee ijaa kan wal’aansi barbaachisuun malu, kan akka manzaraa argaa fooyyessuuf ni sakatta’u.

Daa’imni keessan yeroo waggaa tokko guutu qorannoo ijaatiif ogeessa ijaa (ophthalmologist) akka ilaalu gorsina.

Daa’immanyeroo hospitaala turan qorannoo ROP godhan hundi yeroo waggaa tokko guutan Kilinika Ija Daa’immanii Melbourne (the Melbourne Children’s Eye Clinic) keessatti qorannoon ijaa ni kennamaaf. Kilinikichi Hospitaala Daa’immanii keessatti argama.

## Odeeffannoo dabalataaf

**Safer Care Victoria (ROP)**

Retinopathy of prematurity (ROP): Clinical guidance - safercare.vic.gov.au

**Hospitaala Ijoollee (The Royal Children Hospital)**

ROP maali?
rch.org.au/ophthal/patient_information/What_is_ROP

**The Royal Women’s Hospital,**
**Newborn Intensive Care Unit**

20 Flemington Rd, Parkville VIC 3052
T: (03) 8345 3400

## Turjumaana si barbaachisa?

Interpreter

Turjumaana yoo barbaadde gaafachuu dandeessa.

## Deeggarsa Jeequmsa Maatii (Family Violence Support)

**1800 Respect National Helpline (1800 Sarara Gargaarsa Biyyaalessaa Kabaja)**

Yoo Hubaman saalaa, jeequmsa maatii ykn doorsifamte gargaarsa argachuu dandeessa.
Guyyaa yookiin halkan sa’aatii kamiyyuu bilbilu ni dandeessa. 1800 737 732 1800respect.org.au

**Hubachiisa:** Waraqaan kun odeeffannoo waliigalaa qofa dhiyeessa. Waa’ee fedhii kunuunsa fayyaa keessanii ykn daa’ima keessanii gorsa addaa argachuuf, ogeessa fayyaa keessan irraa gorsa argachuu qabdu. Hospitaalli Royal Women’s Hospital kasaaraa yookiin Hubama odeeffannoo kana irratti hundaa’uun dhufuuf itti gaafatamummaa hin fudhatu. Ati yookiin daa’imni kee gargaarsa hatattamaa yoo barbaaddan, gara kutaa balaa (emergency) naannoo kee jiru quunnami

© The Royal Women’s Hospital 2024